

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif PDF

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif 1

- Sittin hima jedhee
- Akkan si jaalladhu
- Jaalala dhugaadhaaf
- Akkan si dheebodhu.
-
- Akka ati taatee
- Qarree mucaa manaa
- Duruu waanan si beekuuf
- Sammuun koo ni amana.
-
- Ati garuu hin yaadduu
- Sin jaalladha jettee
- Yeroon sitti siqee
- Obbolummaa seete.
-
- Jaalalli qaanii hin qabu
- Ofiin of hin qabsiisanii
- Jaalalli utuu hin beekin
- Kan keessa seenani.
-
- Siifookoo tokkittiikoo
- Ishee keessikoo jaallate
- Itti himachuu yaadee
- Haalashee sodaatee.
-
- Maal jedheen siif hima
- Akkamitti hubattaa
- Yoon sin jaalladha jedhe
- Siif qoosaa fakkaata.
-
- Obboleessaaf obboleettii
- Taana jennee waliigallee
- Jaalalli na qabannaan
- Akkasaan wal'aaalee.
-
- Amma nan murteeffadha
- Yookiin suman dhiisa
- Obbolummaa sobaa
- Maafan si gowwomsaa.
-
- Yookiin sittan hima
- Akkan siin nyaatame

- Jaalala dhugaadhaan
- Akkan liqimfame.
-
- Garuu naa beeki siifo
- Si jalaa miidhameeraa
- Jaalala koo dhoksee
- Dhibamaa ta'eera.

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 2

- BA'AA LAPHEE
- Jaalallee ijoollummaa Yaa hiree ganamaa
- Yaa badhaasa uumaa booharsituu sanyii namaa
- Urgooftuu akka haabaaboo birraa
- Warri maaf si dhoowwu narraa
- Koottuu si eegaan jiraa yaa jaalallee yeroo maraa.
-
- Addunyaa naannooftee abjuun na joorsitee
- Si argachuuf jecha otuun jooruu Lafti bariitee
- Ifni kee akka biiftuu yaa urgooftuu akka haabaaboo
- Ilkaan kee akka cabbii uffanni adii wandaboo.
-
- Aadaan kuulamteettaa intala Abbaa Gadaa
- Booharsituu kankoo dagachiiftuu gaddaa
- Soorettii koo hiree uumaa kuninsituu gola Aadaa
- Onnee kiyyaa seentee qubatteetta iddoo addaa.
-
- Anis onnee siif kenneera fudhadhu yaa hiriyya
- Jaalallee dhibbeentaa yaa soorettii Oromiyaa
- Hunda caala kennaan jaalalaa
- Hin bitamu kumaaf kitilaa.
-
- Akka ilillii birraa bareedeera sirraa
- Laphee fannifteettaa kan alagaa firaa
- Waliin bullee baanee ollaa fagaanullee teenyus ollaa
- Gadis teenyee kaanu olis yoo gad seenes baanus boollaa.
-

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 3

- Anachumaa dhufa keenya
- Bara xiqqummaa sanarraa
- Hamma har'aa keenya kanaa
- Kolfa kankeen qaba dharraa.
-

- Ilkaankee ifee arginaan
- Anis kokkolfaan of arga
- Ati gaafa naa gammadde
- Abdiif hamileekootu marga.
-
- Hin hubatu jedhu malee
- Gaafas xiqqishuudha reefu
- Ani hammam quufee nyaadhus
- Ijakeen argiin hin rafu.
-
- Gaafadhu aduu ganamaa
- Urjiileen samii maal jedhuu
- Arganiiru hamman gammadu
- Hamman sidhabee gad jedhu.
-
- Ijakee naasuun raatessee
- Ilkaankee aannan dhiisisu
- Kolfakee somba dammaqsee
- Onnee dachaadhaan dhiigsisu.
-
- Akkamittan nama jedhee
- Nama waliin siqixxeessaa
- Nama meeqatu yoo kolfu
- Jilbaa fi irree laaffisa?
-
- Hinjiru siqofaa malee
- Dacheef adduunyaa kanarra
- “Gaafa durii” jedheen beeku
- Gammachuukooti at har’a.

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 4

- Urgooftuu abaaboo
- Daraaraa kichuukoo
- Sumatu naaf ta’e
- Jaalallee michuukoo.
-
- Kumaatama keessaa
- Si’iinan jaalladha
- Alaabaa jaalalaa
- Siinin ol kaafadha.
-
- Kaarra isaa bantee
- Seenteetta onneekoo
- Ati hiree kooti
- Hubadhu colleekoo.

-
- Ganamas, galgalas
- Waa'eema keen yaada
- Dhibeen qabaaf miti
- Siin dhabeefan aada.
-
- Kan buufattee jirtu
- Onnee kiyya keessa
- Ani obsa dhabee
- Akkamitti teessa?
-
- Maddiinkee buskuuta
- Mudhiinkee kan soonsa
- Kan ijaan si arge
- Akkam godhee obsa.
-
- Osoo ittin yaadiin
- Gororasaa cobsa
- Durakeef duubakee
- Lameen cinaachakee
- Ilaalan hin quufan
- Mirgaaf bitaachakee.
-
- Bakka ati jirtu
- Lafatu bareeda
- Kanaaf yaadni kiyya
- Sifaana arreeda.
-
- Yaadnikees na miidhe
- Yaa'ee sammuu gubbaa
- Si obsuun dandeenye
- Qashxii intala durbaa.
-
- Si arguun barbada
- Gidduun dhufee fiigee
- Nattuun dhagahamu
- Osoon kufee dhiigee.
-
- Yaada garaa kootiis
- Yoomillee sin dhoksu
- Gaara kuteen dhufa
- Danda'ee sin obsu.

